Wanti hunduu murtoon ta'a, dadhabbii fi collummaan illee yookaan collummaa fi dadhabbiin illee

Xaawuus irraa akka odeeffametti, ni jedhe: sahaabota ergamaa Rabbii irraa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namoottan wohii kan wonti hunduu murtoon ta'a jedhanin qaqqabe, ammas ni jedhe: Abdullaah bin umarii akkas jedhuun dhaga'e -Rabbiin isaan lameenuu irraa haa jaallatu-: ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Wanti hunduu murtoon ta'a, dadhabbii fi collummaan illee yookaan collummaa fi dadhabbiin illee».

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- wanti hunduu murtoon akka ta'u ibsani; dadhabbiin illee, inni: wantooota duuniyaa fi aakhiraa keessatti waan hojjachuun isaa dirqama ta'u dhiisuu fi borun hojjadha ifataanin hojjadha osoo jedhanuu yeroo isaa irra dabarsuudha. collummaan illee, inni: wantoota duuniyaa fi aakhiraa keessatti si'aa'inaa fi collummaa qabaachuudha. Rabbiin guddaan dadhabbii, collummaa fi waan hundaa isatu murteesse, wanti tokkolleen beekumsii fi fedhiin Rabbii dursu malee uumama keeessatti argamuu hin danda'u.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/65039